# Pirojaktii Gargaarsa Gaafa Afrikaa Naanoo Balee Balaa Irraa Dandamachisu

## Kitaaba Filipii Mariin Karoora Maatii ittiin Gageefamu





END HUNGER >>> GROW FARMING
FARM AFRICA

FRANKFURT ZOOLOGICAL SOCIETY

SOS SAHEL ETHIOPIA

CGIAR
RESEARCH PROGRAM ON
Water, Land and Ecosystems
Led by:
IWMI
International Water Management Institute

P H E
ETHIOPIA
consortium

© Copyright 2015

PHE Ethiopia Consortium
Phone: + 251-11-663 4121/+ 251-11-663 4116
Fax: + 251-11-663 8127
P.O.Box - 4408 Addis Ababa, Ethiopia.
E-mail: pheethiopia@gmail.org
info@phe-ethiopia.org
www.phe-ethiopia.org

# Qajeelfamoota Haala Mijeesiitootaaf:

## CHEEKLIISTII QOPHAA'INAA:

- Akkataa fayyadama kitaaba fakkii kana hubachuuf qajeelfamoota (fuula itti aanu) dubbisaa
- Ibsa tokko tokko isaatiif barreffamicha, qajeelcha qindeessitootaa faakkiwwaanii fi yaadannoo qindeessitootaa keessa deebi'aa ilaalaa.
- Iftoominaan dhaggeeffachuu fi mari'achuu bakka duwa qaopheessaa.
- Odeeffannoo ragaa qabu dhaggeeffattootaaf qopheessii, dhaggeeffattootaaf waa'ee kilinikoota naannoo fi hojjattoota ekisteenshininii fayyaa irratti odeeffannoo kennuuf qophaa'ii.

# Qajeelfamoota Haala Mijeesiitootaaf: Akkaataa Fayyadama kitaaba Filipii

Lakkoofsa Mata Dura

Inni kun maatdure yaaddichaa fuula kanaatii

Mul'ata Fakii mariif agarsiifamee.

5

## Jamaalii fi Faaxuumaa:

### Fayyaa Faaxumaa fi Heeruma Ishee



**QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:**

- Fakkii kana keessatti maal argitu? Faaxumaan meere? Fayyaa fakkaatti?
- Faaxumaan maaliif dhukkubsatti jettanii yaaddu?
- Akkuma beknu, Faaxumaan walwalirratti ijoollee baay'ee deesse, Faaxumaan amma dullomtee jirti ammas ulfa walwalirratti ulfaa'uu akkamitti fayyaa ishee irratti dhiibba fida jettanii yaaddu? Dulluma keessa ulfaa'uun fayyaa ishee irratti dhiibbaa uuma jettanii yaddu?
- Fayyaan Faaxumaa akkamitti jereenya guyya guyyaa fi nageenya ishee miidhaa jettanii yaaddu?
- Fayyaan Faaxumaa akkamitti maatii fi ijoolee ishee miidha jettanii yaaddu?
- Wantoonni kunneen hundi akkamitii ilaalcha abbaan manaa faxumaa isheedhaaf qabu miidha? Kun akkamitti gaa'ila isaanii miidha?
- Fayyaan ishee (Faaxumaa) akkamitti fooyya'uu danda'a?

**Yaadachiisa Haala Qindeessa:**

- Dubartii umurii 35 booda deessu caalatti rakkinoota fayyaa kanneen akka da'u irratti rakkachuu, dhibbaa dhiigaa fi ulfi irraa ba'uu baachuu faaf saaxilamu
- Daa'imni ishees rakkinoota fayyaa kanneen akka rakkoo yeroo dhalatuu fi ulfaatina gadaanaa, kanneen kun jireenya guutun daa'imaa irratti dhiibbaa fida.

**Gaaffii Qorannoo:** miiraa fi qaama isheetiin maal fakkaatti?

**Gaaffii Qorannoo:** Fayyaan ishee akkamitii dandeetii ijoolee ishee kunuunsuu irratti dhiibbaa fida?

**Gaaffii Qorannoo:** Karoorri maatii rakkinoota fayyaa fi hawaasumma kan oliti ibsitan ni hambisa jettanii yaaddu?

Kitaaba Filipii Mariin Karoora Maatii ittiin Gageefamu | 17

Gabateen inni magariisa salphaan ibsame "Qajeelcha Qindeessitootaa" barreeffama mata duree kanaa, gaaffiwwan marii kan qabatee dha.

Gabateen keelloon yaaddachisaa Qindeessitootaa fi odeeffannoo Yeroo mata –duree irratti mari'attan dabarsuu dandeessuu qaba.

Gabateen magariisni gaaffii qorannoo qabxiiwwaan marii yeroo gaaffii kan mari'attan dabarsinuu of keessatti qabata

# 1 Seensa

- Har'a waa'ee maatii lamaa baranna, akkasuma fayyummaa fi nageenyaa tokko tokkoo isaanii irratti ni dubbanna. Dhimmoota akka waliirraa fageessaa da'uu, fi lakkofsa daa'immanii muirteessuu, faayidaa haati warraa fi abbaan warraa karoora maatii irratti mari'achuun qabu; barumsa daa'immanii, shamarran umuriin isaanii osoo hin ga'in heerumsiisuu dhisuu fi fayyummaa haadhaa fi daa'imaa baranna.

- Duran dursee hariiroo lakkofsi uummataa, fayyaa fi naannoo ganda keessanitii qaban gabaabumaan dubbannaa. Tooko tokkoo jecha kana maala jechuun akka ta'e hubachuudhaan haa eegallu.

  - **Baay'ina uummataa:** lakkoofsa uumataa ganda keessanii keessa jiruu dha. Kun immoo ba'ina tokko tokko maatiittiin murtaa'a.

  - **Fayyaa** jechuun nageenya tokko tokkoo miiseensa hawaasa keessanii isinii fi maatii keessan dabalatee jechuu dha.

  - **Naannoo** jechuun qabeenya uumamaa dacheen nuuf arjoomtu kanneen akka bishaanii, mukeenii fi qilleensa nuti arganuu dabalatee.

- Wantonnii sadeen kun akkamitii wajjin hojjatu jettanii yaaddu? Fakkeenyaa walitti hidhata wantoota sadeen kanaa ganda keessan keessatti agaman kamu himuu ni dandeessu?

- Yammuu ganda keessan keessatti uummata xiqqaa (baay'chna uummataa xiqqaa) qabaattan, qabeenyaa uumama ijoolee keesaniif qoodan baayeetu jira jechuudha, kana jechuun daa'imman keessan caalatti fayyaa ta'u, cimoo ta'u akkasuman guddina ganda fi biyya keessaniif gargaaru

- Har'a karoorri maatii akkamitti akka dinagdee naannoo fi fayyaa maatii lameenii fi hawaasa isaanii irratti dhiibbaa uumu mari'anaa. Nageenyi keessanii fi maatii keessanii akkasumas kan dhaloota fulduraa ganda keessanii akkamitti akka fooyya'u baranna.

## QAJEELCHA HAALA MIJEESII-TOOTAAF:

### Gaaffii Qorannoo:

- Fayyaan keessan naannoo jireenyaa keessaniin ni hubama, fakkeenyaaf Qulqullina bishaanii fi midhaan fayyaa keessan irratti dhiibbaa uuma.

- Baay'inni ummataa naannoo jireenyaa ni miidha, yammuu baay'inni ummataa guddaa ta'e, qabeenya uumamaa naannoo keessa jiru hawaasicha gargaaruuf hedduminaan fayyadamuu barbaachisa.

- Faayyaan keessan baay'ina uumataatiin ni miidhama. Yammu ummanni baay'een ganda keessan keessa jiraate, tajaajiichi fayyaa tokko tokkoo namaatiif kennamu gahaa ta'uu dhiisuu mala.







# 2 Seensa Waa’ee Maatii Jamaalii Fi Faaxumaa



**QAJEELCHAA HAALA MIJEESIITOOTAAF:**

- Kun Jamaal, Faaxumaa fi ijoollee isaaniiti.
- Fakkii kana keessatti maal argitu?
- Mannii fi iddoon isaanii maal fakkaata?
- Maatii kun bal’aa (baayeedha) dha jettanii yaadduu?
- Faaxumaan ijoollee meeqa deesse?
- Laakkofsi daa’immanii kun akkamitti Faaxumaa miidhaa jettanii yaaddu?
- Lakkofsi daa’immanii kun akkamitti gaa’ila Faaxumaa fi Jamaal irratti dhiibbaa fida jettanii yaaddu?
- Maalii bal’aan (gudaan) akkamitti daa’imman isaanii irratti dhiibbaa fida jettanii yaaddu?

**Gaaffii Qorannoo:** Mukoota Naannoo isaani ciran, kun naannoo isaanii irratti miidhaa ni uuma.

**Gaaffii Qoraannoo:** kun immoo akkamitti fayyaa ishee irratti miidhaa fida?



3

# Barumsa: Ijoolee Jamaalii fi Faaxumaa



**QAJEELCHAA HAALA MIJEESIITOOTAAF:**

- Kun gocha guyya guyyaan mana Jamaalii fi Faaxumaati raawatamudha. Jamaal hojiidhaaf gara oyiruu deemaa jira.
- Ijoolleen gara mana barnoota deemanii jiruu?
- Kuni umata keessan keesati (naannoo keesaniti) beekamadhaa?
- Jamaalii fi Faxumaadhaaf ijoollee saddeet gara mana barnootatti erguun ulfaataa ta'uu ni danda'a jettanii yaadduu? Maaliif?
- Mana barnootaa galuu dhabuun ijoollee akkamitti miidha? Kun akkamitti boruu isaanii irratti dhiibbaa fiduu danda'a?



# 4 Soorataafi Sooruu: Ijoollee Jamaalii fi Faaxuumaa



**QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:**

- Maatiin maal hojjataa jiru?
- Maal nyaataa jiru?
- Tokko tokkoon isaanii nyaata hangamii qabu? Nyaatni kun gahaadha jettanii ni yaadduu?
- Kun akkamitti fayyaa daa'immanii irratti miidhaa fida jettanii yaaddu?
- Lakkoofsa daa'immanii maatii kana keessaa akkamitti hanga nyaataa isaan nyaachuu danda'an miidhaa jettanii yaadu?
- Daa'imni tokko guddaachuuf wantoota baay'ee barbaachisoo ta'an maal fa'a? tokko tokko fedhiiwwan keenneenii dhiyeessuuf maal barbaaddu?
- Wantoota bu'ura ta'an kennaan hunda ijoollee isaanif dhiyeessun maatii kanaaf salphaa moo ulfaataa dha jettanii yaaddu? Maalif?

**Gaaffii Qorannoo:** Ufata, nyaata, mana jireenyaa, barnoota, kunuunsa maatii.



# 5 Jamaalii fi Faaxuumaa:

## Fayyaa Faaxumaa fi Heeruma Ishee



### QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:

- Fakkii kana keessatti maal argitu? Faaxumaan meere? Fayyaa fakkaatti?
- Faaxumaan maaliif dhukkubsatti jettanii yaaddu?
- Akkuma beknu, Faaxumaan walwalirratti ijoollee baay'ee deesse, Faaxumaan amma dullomtee jirti ammas ulfa walwalirratti ulfaa'uu akkamitti fayyaa ishee irratti dhiibba fida jettanii yaaddu? Dulluma keessa ulfaa'uun fayyaa ishee irratti dhiibbaa uuma jettanii yaddu?
- Fayyaan Faaxumaa akkamitti jereenya guyya guyyaa fi nageenya ishee miidhaa jettanii yaaddu?
- Fayyaan Faaxumaa akkamitti maatii fi ijoolee ishee miidha jettanii yaaddu?
- Wantoonni kunneen hundi akkamitii ilaalcha abbaan manaa faxumaa isheedhaaf qabu miidha? Kun akkamitti gaa'ila isaanii miidha?
- Fayyaan ishee (Faaxumaa) akkamitti fooyya'uu danda'a?

**Yaadachiisa Haala Qindeessa:**

- Dubartii umurii 35 booda deessu caalatti rakkinoota fayyaa kanneen akka da'u irratti rakkachuu, dhibbaa dhiigaa fi ulfi irraa ba'uu baachuu faaf saaxilamu
- Daa'imni ishees rakkinoota fayyaa kanneen akka rakkoo yeroo dhalatuu fi ulfaatina gadaanaa, kanneen kun jireenya guutun daa'imaa irratti dhiibbaa fida.

**Gaaffii Qorannoo:** miiraa fi qaama isheetiin maal fakkaatti?

**Gaaffii Qorannoo:** Fayyaan ishee akkamitii dandeetii ijoolee ishee kun-uunsuu irratti dhiibbaa fida?

**Gaaffii Qorannoo:** Karoorri maatii rakkinoota fayyaa fi hawaasumma kan oliti ibsitan ni hambisa jettanii yaaddu?



# 6 Itti Fayyadama Qabeenya: Jamaalii fi Faaxuumaa



## QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:

- Maatii bayee qabaachuun akkamitti hanga maallaqaa faaxumaa fi jamaal maatii isaaniitiif baasii godhan irratti miidhaa fida jettanii yaaddu?
- Uummata baay'ee qabaachuun kunuunsa naannoo irratti miidhaa akkamitii fidun danda'a?
- Lakkoofsi ijoolee dhiiraa faaxumaa fi jamaal qaban hanga lafa tokko tokkon ijoollee dhiiraa kun fudhatan irrtti dhiibbaa akkamitii fida?
- Kun akkamitti jireenya tokko tokkoo ijoollee dhiira fi maatii isaanii irratti dhiibbaa fidu?

**Gaaffii Qorannoo:** daa'imman isaanii kunuunsuudhaaf maalaqa (qarshii) isaan barbachisu arga-chuuf midhaan haagamii oomishuu qaban? Hojii hangamii fudhachuu danda'a?

**Gaaffii Qorannoo:** qabeenyaa uumamaa kanneen akka mukoot-aa, bishaanii fi lafaa hedduuminaan fayyadamuun dirqama ta'a?

**Gaafii Qorannoo:** ijoollee dhiiraa heedduu qabaachuudhaan lafa hiruuf jechuun tokko tokkoon ijoollee jiraachuudhaaf lafa xiqqaa argatu jechuudhaa?



# 7 Seensa Waa'ee Maatii Ahmadii fi Haliimaa



**QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:**

- Kun Ahmad, Haliimaa fi maatii isaaniiti
- Fakkii kana keessatti maal argitu?
- Mannii fi iddoon isanii maal fakkaata?
- Ijoollee meeqatu isinitti mul'ata?
- Marii keenyaa keesati wantoota bu'uraa guddina daa'ima tokkoof barbaachisaa ta'an ni yaaddattuu? Maaliin kun wantoota bu'uraa kana dhiyeessuudhaaf qabeenya gahaa ni qabu jettanii yaaddu? Maaliif ta'a ykn maaliif hin ta'u?
- Murten Ahmadii fi Haliimaa lakkoofsa daa'imman isaanii murteessuuf godhan maallaqa qusachuuf isaan gargaara jettanii yaadduu? Maaliif?

**Gaaffii Qorannoo:** Mana duba muukootatu jira

**Gaaffii Qorannoo:** nyaata, ufata mana jireenyaa, barnootaa, kun-uunsa maatii



# 8 Barumsa Ijoolee: Ahmadii fi Halimaa



## QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:

- Kun mana Ahmadii fi Halimaa ti Ahmad Hojiidhaaf gara Oyruu deemaa jira.

- Daa'imman maal hojjataa jiru? Maaliif?

- Daa'imman Jamaalii fi Faaxumaa hunduu mana barnoota hin deemne. Garuu daa'imman Ahmadii fi Haliimaa lamaanuu barachaa jiru – daa'imman barachuu isaanii irraa akkamitti fayyadamu jettanii yaaddu?

- Hawaasa keessan keessatti daa'imman erga guddatanii booda mana barnootaa seenuun baramaa dhaa?

**Yaadachisa Qindeessaa:**

Yommuu daa'imman carraa barnoot-aa argatan, gara fuulduraatti dinag-dee fooyyaa'aa qabaatu, kanamalees fayyaa foyyaa'aa ta'e isaanii fi ijooleen isaanii argatu. ijoolleen caalatti baratan yammuu gudatan dinagdee fi guddina itoophiyaaf bu'aa buusu.



# 9 Ahmaadii fi Haliimaa: Soorata fi Sooruu Ijoollee



**QAJEELCHAA HAALA MIJEESIITOOTAAF:**

- Ijooleen maal  hojjataa jiru?

- Maal nyaataa jiru?

- Tokko tokkoon ijooleen nyaata hangamii qabu? Hangi nyaataa kun gahaadhaa jettanii yaaddu?

- Kun akkamitti fayyaa ijoollee irratti dhiibbaa fida?

- Lakkoofsi ijoollee maatii kana keessaa akkamitti hanga nyaataa isaan argachuu danda'an irratti dhiibbaa fida?



10

# Ahmaadii fi Haliimaa:

## Fuudhaa fi Heeruma yeroo isaa eeggate



### QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:

- Amma waa'ee fayidaawwaan yeroo sirrii ta'eetti gaa'ila raawwachun jireenyaa keessatti qabu dubbanna. Maatiin Haliimaa yeroo isheen umurii waggaa 19 jirtu heerumsiisan. turanii heerumuun, yeroo isheen waggaa 19 jiru heerumuun ishee barumsa ishee irratti bu'aa maalii fide?

- Turtee heerumuun ishee qulqullina gaa'ila ishee irratti bu'aa maalii fida?

- Turee heerumuun ishee dandeetti haadha gaarii ta'uu ishee akkamitti deeggara?

- Ahmadii fi Haaliimaan intala isaanii umurii waggaa 18 gaditti akka hin heerumsiifne murteessan.

- Kuni akkamitti intala Ahmadii fi Haliimaa fayyada?

**Gaaffii Qorannoo:** Haliimaan barnoota ishee xumuruu dandeesse jirti. Kun immoo dinagdee maatii isheef, fayyummaa ishee eeggachuuf fi fayyummaa ijoolee ishee eeguf gargaara.

**Yaadachiisa Qindeessaa:** yommuu dubartiin umurii ishee malee deesse, rakkinoota fayyaa heddu haadha fi daa'ima irratti qaba shaamarreen umurii waggaa 15 gaditti deesse carraa da'uumsa irratti du'uu harka san ishee umurii waggaa 20 oliitti deesse caalaa qabdi turanii fuudha fi heeruma raawwachuun akkasumas daa'imman dhalachuun fayyaa haadhaa fi daa'imaa ni fayyada.

**Gaafii Qorannoo:** Haliman bilchina wan qabduuf, hariiroo cimaa uumuu dandesetti

**Gaaffii Qorannoo:** Bulchiinii ishee fi barnootni isheen qaban haadha gaarii akka taatu gargaaruu danda'u

**Gaaffii Qorannoo:** miidhaawwan shaamarreen tokko osoo gara dubartummaatti hin guddatin heerumuun fidan maali? Fakkeenyaaf, shamarree umurii waggaa 11 yookin 12?



# 11 Ahmadii Fi Haliimaa: Marii Baayina Maatii Irrattii



## QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:

- Akkum a argine, Haliimaa, Ahimad fi ijoolleen isaanii maatii xiqqaa qabaachuu isaanitiif fayidaa guddaa argataniiru. Garuu maatii xiqqaa kana akkamitti argachuu danda'n? Haliimaan umuriin ishee gaa'ilaaf ga'ee erga heerumtee booda, ijoollee isaaniitiif maallaqa hagamii akka barbaachisu irratti hundaa'uun Ahimad fi Haliimaan baayina maatii isaanii irratti haasa'anii (wal mari'atanii) rakana booda, baayiina maatii kana argachuuf karoora maatii fayyadamuun mari'ataniiru.

- Abbaan manaa fi haati manaa, hawaasa waliin ta'uun baay'ina ijoollee horachuu barbaadan fi karoora maatii ni maria'tu jettanii yaadduu?

    - Baayina ijoollee maatiin horatu irratti murtesuuffi ittii gaafatamumaa kan qabu eenyu jettanii yaadan? Kan abbaa manaa? Kan haadha manaa? Kan lammanuu?
    - Murtii abbaan manaa fi haati manaa waliin murteessan irraa maatiin haala kamiin fayadaman jettanii yaaddu?
    - Abbaan manaa fi haati manaa dhimma kanarratti marii waliin godhan irra hagam fayyadamuu danda?

- Ahimad qonnaan bulaadha. Haliimaan re'oota, lukkuu buuphaa (killee) horsiisuun akkaasumas damma horsiisa kanniisaa irraa argatuun maatii ishee gargaarti

- Karoora maatii fayyadamuun ishee sochiiwwan galii argamsiisan kan akka as irratti caqasamanii argachuun maatii ishee gargaaruuf akkamitti ishee fayyada?

- Dandeetiin Haliimaa maatii ishee fi gaa'ila ishee dinagdeen gargaaru akka dandeessu karoorri maatii akkamitti gargaara?

- Fayyummaa gaarii fi ciminni Haliimaa akkamitti gaa'ila ishee gargaara?

**Gaafii Qorannoo:** walitti dhufeenya cimaan wal-amantti guddaa, gargaarsa fi jaalala.

**Gaafii Qorannoo:** karoora maatii fayyadamuun haadhaa fayaaf fageessite da'uu fi baay'ina daa'imanii karoorsuu dandeessisa kanaafuu, irra caalaa cimtuu taati. Baayinni ijoollee kunuunsituu xiqqaa waan ta'eefuu, hojii hojjachuuf yeroo ni argatti



12

# Ahimad fi Haliimaa:

## Ittifayyadama Karooraa Maatii



### QAJEELCHAA HAALA MIJEESIITOOTAAF:

- Baay'ina maatii qabaachu qaban irratti erga mariataniin booda, Ahimad fi Haliimaan kana galmaan ga'uuf akkamitti akka fanda'an ilaalchisee eksiteenshiinii fayyaa naannoo isaanii jirtu waliin mar'atan Baay'ina daa'imman qabaachuu barbaadanii daangessuu qofa osoo hintaane fayidaa fafageessanii da'uu hubataniiru.

- Daa'ima isaanii duraa erga argataniin booda daandilee karoora maatii irratti mari'achuuf gara eksiteeshinii fayyaa deebi'anii dhagan fageessanii da'uu akka danda'aniif daandilee karoora maatii ni murteessu.

- Fageessanii da'uun maaliif fayyada?

- Fageessanii da'uun irraa ijoolleen akkamitti fayyadamu?

- Fafageessanii da'uu irraa haati akkamitti fayyadamti?

- Fayyaan maatii faffageessanii da'an ni dabala jettanii yaadduu? Irra caalaa fayyaa ta'u jettuu? Matii gamachu qabaatu jettanii yaaduu?

- Abbaa manaa fi haati manaa daa'ima horachuu akka barbaadanitti kan gargaaran karoorri maatii nageenyi isaanii eegame fi salphaa ta'an baay'eetu jiru. Warreen kun yeroo barbaadan isheen akka ulfooftu daandii gargaaru fi baay'ee bareeda ta'e akka murteessan hojjatoonni eksiiteeshiinii ni gargaaru.

**Hubachiisa Haala Qindeesitootaa:**
- Daa'iman fafageessanii yoo da'an fayyaa ta'u daa'imummaa isaanittis fayyaa ta'u
- Fafageessuun yeroo da'an daa'imman irra caala harma haadhaa hodhu. Daa'im-man harma haadhaa hodhan nyaata gaarii argatu akanumatis dhibeef hedduu hin saaxilaman, warreen hin hoone caalaas fayyaa argatu.

**Hubachiisa Haala Qindeesitootaa:**
- Haadholeen fafageessa nii yoo da'an ulfaa'insi fi dhaloonni daa'ima isaanii irra caalaa fayyaa ta'a.

**Hubachiisa Haala Qindeesitootaa:**
- Lakkoofsi daa'ima keessanii xiqqaa yoo ta'e tokkon tokkon daa'ima keessanii fi ab-baa manaa/ haadha manaa keessaniif yeroo fi huma gahaa qabaatu, maatiin keessan jaalala fi kunuunsa gaarii argata.



13

# Fayyaadamiinsa Qabeenyaa Maatii lamanii kan Torbee Madaaluu



## QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:

- Amma maatiwwan argine kana lamman walbira qabna. Fakkii kana irratti itti fayyadamani qabeenya maatii irratti addadummaa jiru ilaaluu ni dandeenya. Kun immoo ittifayyadama nyaataa, bishaanii, qoraanii fi maallaqaa kan torbee ni agarsiisa. Addadummaa itti fayyadama tokkon tokkoon maatii irratti haa mari'annu
- Torbeetti baay'ee kan fayyadamu eenyu? Maaliif?
- Torbeetti xiqqaa kan fayyadamu eenyu? Maaliif?
- Haalli kun dhiibbaan naannoo irratti fidu maali?
- Haalli kun dhiibbaan maatii fi dinagdee maatii irraatti fidu maalinni?
- Waayee qabeenya hawaasa keessatti argamanii yaada tokkon tokkon maatii baay'ina maatii jamaal fi faaxumaa kan qabu yoo ta'e baay'inni maatii kanaa miidhaan argama nyaataa fi bishaanii irratti qabu hagami?
- Dhimmi kun immoo argama bosona fi lafa ijoollee isaanii irratti miidhaa akkamitti geesisuu danda'a?
- Ittifayyadamni koroora maalii addadummaa baay'ina maatii irratti akkamitti dhiibbaa uuma?

**Gaafii Qorannoo:** Ijolleen fi ijoolleen akaakayyuu nyaata fi bishaan ga'aa hinarganne yoo ta'e gara fuulduraatti fayyaa ta'uu?

**Gaafii Qorannoo:** Ijoolleen fi ijoolleen akaakayyuu kan lafa ga'aa argatuu? Maatii isaanii guddaa kanaaf akkamitti kennu?

**Gaafii Qorannoo:** Ittifayyadamni karooramaatii fayyaa fi gamma-chun fulduraa ijoollee fi ijoolleen akaakayyuu irratti akkamitti dhiibbaa uuma?





# 14 Dubdeebii: Fayidaa/Bu'aa Karoora Maatii





## QAJEELCHA HAALA MIJEESITOOTAAF:

- Amma maatii kana lamman walbira qabna
- Maatii kamitu irra caala fayyadamaadha?
- Ittifayyadamni karoora maatii kanaaf hagam gahee qaba? Fayidaaleen karoora maalii har'a barattan maal fa'a?
- Isinii fi maatiin keessan jireenya fooyya'aa jiraachuuf tokkoon tokkon keessan har'a tarkaanfilee fudhachuu ni dandeessu
- Waanta har'a irratti mar'anne irratti hundaa'uun fayyaa fi nageenya keessan ijoollee keessanii fi maatii keessanii fooyyeessuuf tarkaanfilee fudhachuu dandeenya jettanii yaaddan maal fa'a?

## Hubachiisa Qindeessitootaa: Wantoota hojjachuu dandeessan

- Ittalli keessan fayyaa gaari fi carraa barnootaa fooyya'aa akka argattu tursiistanii heerumsiisuu ni dandeessu.
- Da'umsa keessan waggaa lamaan tursiisuf isin fi abbaan/ haat manaa keessan karoora maatii fayyadamuu ni dandeessu. Kun immoo fayyaa haadhaa fi daa'ima isheef gargaarsa godha.
- Yeroo ulfaa'ina fi da'umsaa rakkoolee fayyaa haadhaa fi daa'ima irratti umuriin dabalaa yoo deemu dhufan ittisuuf baay'ina daa'imaa isin fi abbaan/ haadha manaa keessa argachuu barbaaddan murteessuuf yaduu jalaqabuu ni dandeessu.
- Mata dureewwan fay;ida qabeessa kana itti fayyadama karoora maatii fi walqunnamtii inni fayyaa, naannoo fi baay'ina uummataa keenya waliin qaban hiriyoota maatii fi ollaa keessan waliin mari'achuu ni dandeessu.

# 15 Guduunfaa/Xummuraa/ fi Gaafilee

## QAJEELCHA HAALA MIJEESIITOOTAAF:

- Xumura hojii kanaa irra geenyeera karoora maatii daandilee baay'ina maatii ykn faayyaa dabalatee mata duree irratti mari'anne irratti gaafilee qabduu?
- Barumsa dabalataa argachuuf tokkoon tokkoon keessan walgayii projacti SHARE Baalee itti aanu irratti hirmaachu ni dandeessu
- Waayee karoora maatii, fayyaa keessan fi fayyaa daa'imman keessani ilaalchisee barun dabalataa argachuuf, buufata fayyaatti dhiyaachuun hojjataa fayyaa waliin mari'achuu ni dandeessu.
- Dhuftanii waan yaada waljijiireef baay'ee isin galateefanna!

# Galata:

Barreefamni kun **Dhaabata Dhimma Ummataa, Fayyaa fi Naannoo Itoophiyaa Qindaawaa (Population, Health and Enviroment Ethiopia Consortium)** tiin kan qophaahe yammuu ta'u kayyoon isaas piroojaktii SHARE Baalee (SHARE BER) karoora maatii irratti umata mari'achissuf kan gargaaru.

Barreefaama kana qopheesuu irratti kan hirmaattan **Obboo Samara Silashii** (PHE Ethiopia Consortium), **Madliin Kifar** (Johns Hopkins Bloomberg School of Public Health) fi **Moniikaa Zawdee** (John Hopkins University) yoo ta'u, hojjatoota Pathfinder Internationali fi Marie Stops Internationali kan nannoo Baalee jiran akunumatis Waajjira Fayyaa Godina Baalee tiin hojiin fooyya'iinsa teekiniikaa godhameera.

Hojiin ibsaa fi giraafiksii **Obboo Wubsheet Abbabaa**, **Juuliyaa Gaal** fi **Naan Poortariin** hojjatamee.

LAYOUT DESIGN AND PRINTING
PHILMON PRESS P.L.C



P H E
ETHIOPIA
consortium

Phone: + 251-11-251-11-663 4121/+ 251-11-663 4116
Fax: + 251-11-663 8127
P.O.Box - 4408 Addis Ababa, Ethiopia.
E-mail: pheethiopia@gmail.org
info@phe-ethiopia.org
www.phe-ethiopia.org